# Akkamitti Fayyaa Kee fi Kan Mucaa Keetii Akka Eegdu Yoo Heppitaayitis B Qabaatte fi Ulfa Taate



**Heppitaayitas B'n dhibee cimaa daa'imni kee bara ishee guutuu qabaachuu dandeessudha. Yoo ulfa taate fi heppitaayitis B qabaatte, vaayirasichi mucaan kee yeroo dhalattu karaa dhiiga keetin wal tuquudhan itti darbuu danda'a. Ofii kee fi mucaa kee dhibicha irraa eeguf, yeroo ulfaa gara jalqabaa ogeessa fayyaa kee arguun waa'ee heppitaayitis B haasa'aa.**

**Yeroo ulfaa fi ulfa booda kunuunsa kee fi mucaa kee hordofuuf chaartii kana fayyadami!**

## Haadhaf

### Yeroo Ulfaa

- Yeroo ulfaa kunuunsa heppitaayitis B tif ogeessa fayyaa kee bira deemi kunis sadarkaa vaayirasiin heppitaayitis B kee irra jiruu fi fayyummaa tiruu kee ilaalufi.
  - Ogeessi fayyaa kee qoricha heppitaayitis B siif barreessuu danda'a, barbaachisaa yoo ta'e.

### Yeroo Da'umsaa

- Heppitaayitis B qabaachuu kee ogeeyyin fayyaa hospitaalichaa beekuu isaanii mirkaneeffadhu.
- Ogeessi fayyaa mucaa kee yaalu heppitaayitis B qabaachuu kee akka beekuu isaa adda baafadhu.

### Da'uumsa Booda fi Yeroo Biraa

- Ji'a 1- 2 gidduutti, yaalii heppitaayitis B tif ogeessa fayyaa biratti hordoffii taasisi.
  - Yeroo ulfaa yaalin siif godhamuu eegale taanan, addumatti kuni barbaachisaadha.
- Hordoffii heppitaayitis B tif ogeessa fayyaa kee bira yoo xiqqaate ji'a 6 keessa tti si'a tokko hordoffii gochuu qabda.

**Jaalalleen kee fi kanneen si waliin jiraatan qoratamuu isaanii fi yeroo ulfaa talaallii heppitaayitas fudhachuu isaanii mirkaneessi.**

## Daa'imaaf

### Yeroo Da'umsaa

Dhukkuba irraa ittisuuf daa'imni akkuma dhalatteen sa'aatii 12 keessatti talaallii 2 waraannachuu qabdi:

- Talaallii heppitaayitis B immune globulin (HBIG) tokko
- talaallii heppitaayitis B 1

### Ji'a 1-2

- Daa'imni kee talaallii heppitaayitis B 2ffaa argachuu ni geessi.

### Ji'a 6

- Daa'imni talaallii heppitaayitis B 3ffaa argachuuf ni geessi.

### ji'a 9-12

- Sadarkaa heppitaayitis B fi hammam dhibicha irraa ittisuu akka danda'u baruuf daa'imni kee qorannoo dhiiga gochuufitu barbaachisa.

### Harma hoosisuu

- Waa'ee harma hoosisuu fi fiixen harmaa tarsa'ee yookin ni dhiiga yoo ta'e dhiigni kee mucaa wajjin akka tuqne gochuuf ogeessa fayyaa wajjin mariyadhu.
- Daa'imni akkuma dhalateen talaallii heppitaayitis B fi heppitaayitis B immuunoo giloobiinii yoo argate, carraan heppitaatitas B'n karaa harma hoosisuutin haadhatti darbuu baay'ee xiqqaadha. Daa'imni kee talaalliiwwan kana erga argateen booda harma hoosisuun rakkoo hin qabu.

HepBHub
doh.wa.gov/hepbhub

Washington State Department of Health

DOH 420-441 October 2022 Oromo
Dookumentii kana bifa biraatiin gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 irratti bilbili. Dhaga'uu kan hin dandeenye yookin dhagahuun rakkisu yoo taate, (sarara Washingtonitin) 711 tti bilbili yookin civil.rights@doh.wa.gov tti imeelii godhi. North East Medical Services, www.nems.org irraa Fudhatame .